# Barruu fuul-golgaa ilaalchisee wantoota Barattootni Gochuu fii Gochuu Hin Qabne

Yeroo fuul-golgaa uffattuu fii of-irraabaafattu waan kana godhi.

Haguuggii kee osoo hin godhatin dura, harka kee saamunaa fi bishaaniin dhiqadhu ykn qulqulleessituu harkaa sanitaayzarii kutaa barnootaa kee keessa jiru fayyadami.

Haguuggiin kee naannoo afaanii fi funyaanitti maxanee sitti ta’uu qaba.

Haguuggiichi yoo shiboo sibiilaa qabaate, akka funyaan kee gara oliitti sitti ta’utti shiblicha gad itti dabsi.

haguuggii kee yeroo ka’attu xuxuquu dhiisuun kee barbaachisaadha. Yoo sirreessuu qabda taheef, guduunfaa gurratti jiru ykn kara duubaan hidhamee jiru fayyadami.

Yoo haguuggii kee xuqxe, harka kee dhiqadhu ykn qulqulleesituu harkaa/saanitaayzarii kutaa barnootaa kee keessa jiru fayyadami.

Yeroo haguuggii kee baastu fuuldura isaa hin tuqin. Guduunfaa naannoo gurra keerra naana’ee jiru ykn hidhaa karaa mataa keerra jiru fayyadamuun of irraa baasi.

Erga haguuggii kee of irraa baasteen booda, harka kee dhiqadhu ykn battalumatti qulqulleessituu harkaa fayyadami.

Yeroo haguuggii baafachuun itti dandaahamu barsiisota kee gaafadhu, kan akka yeroo taphaa ykn yeroo nyaataatti.

Yeroo of irraa baastutti eeganna gochuuf, bakka haguuggii kee keewwattu beekuuf barsiisota kee dhaggeeffadhu.

Akkasumas guyyuu mana barumsaa yeroo deemtu haguuggii qulqulluu godhadhu.

Haguuggiin koo si eega, haguuggiin kees na eega.

COVID-19 ilaalchisee odeeffannoo baayyee wayitaawaa taheef health.mn.gov. daawwadhaa.

Minnesota Department of Health
Communications Office
P.O. Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

09/04/20
Mask Do's and Don'ts For Students (Oromo)
Odeeffannoo kana dhangii adda taheen argachuu dhaaf, bilbili: 651-201-4989.